# Ergaa Phawuloos
# Gara Ximootewoosii Erge
# Ta Qaraa

## Seensa

Dargaggeessi Kiristaanichi ka Ximootewoos jedhamu, dhalootaan nama Asiyaa diqqa'aa ti; haati isaa nama gosa Yihudi'ii yoo teetu, abbaan isaa ammoo nama gosa Giriikiiti. Inni hujii ergaa Oduu gammadaatiin waa'elaa fi qarqaaraa Phawuloosii te'eera. Ergaan Phawuloos Ximootewoosiif barreesse ta qaraa, yaada gugurdaa sad irratti xiyyeeffatti. Waan duudi'iin qara ergaan isaa tun barsiisa dharaa ka wolde'a kiristaanaa keessatti ka'e irraa ta ifi eeggachiittu. Barsiisi haarenni kun gamis yaada Yihudootaa, kuun yaada worra Yihudoota hin te'inii yoo te'u, «Biyyi lafaa cubbu'uun ta badde waan teeteef, fayyinni ka dhaggamu beekkumsa dhossa'aa ka adda te'een, sagalee gari'ii fi fuudhaa heeruma irraa ifi eegu'uun» yaada jedhu irratti ka hundayeeru. Ammalle ergaan tun marroo bulchiinsaa fi qajeelcha sirna waaqonfata wolde'a kiristaanaa, akkasuma adaba sooreyyi'ii fi qarqaartoleen wolde'a kiristaanaa qabaatiisaaf maltelle ta qaddu. Muummee irratti Ximootewoos tajaajilaa dansaa Yesuus Kiristoosii attam akka te'uu dande'uu fi wolde'a adda addaa irratti baallii qabu irratti gorsa isaa kenne dhaggina.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa *1:1-2*
Qajeelcha wolde'a Kiristaanaatii fi tajaajiltootaaf kenname *1:3—3:16*
Qajeelcha marroo hujii Ximootewoosiitiif kenname *4:1—6:21*

1 Ana Phawuloosii, ajaja Waaqa fayyisaa keen-
naatii fi Yesuus Kiristoosii addii teenna te'eetiin,
ergamaa Yesuus Kiristoosii te'e irraa,
2 Ximootewoosii dhugeeffanna'aan ilma
dhuga'aa kiyya ite'e:

Badhaadhi, mararti'ii fi nageenni Waaqa Abba'aatii fi Goottaa keenna Kiristoosii siif te'u.

### *Barsiisa Sobaa Irraa Ifi Eeggachiisuu*

3 Yennaa gara Maqedooniya'aa dhaqu'uuf ka'e
akkuma sitti hime kaan, worra garii ka barsiisa
sobaa achitti barsiisu, biyya Efesoonii keessa teet-
tee akka isaan dhooggitu fedha.
4 Oduu duriitii fi laakkossa sanyii abbooti'ii ka
dhuma hin qanne, akka lakkisanu isaanitti himi.
Wonni isaan godhanu kun moromaa callaa kaatti
malee, hujii Waaqaa ta dhugeeffanna'aan hujan-
tuuf ta teetuu moti.
5 Yaadi ajaja kanaa ammoo jaalala gadhaa qul-
luu irraa, wodanaa dansa'aa fi dhugeeffannaa
dhuga'aa irraa ka ka'e.
6 Worri gariin kana irraa deebi'anee gara dubbii
bu'aa hin qannee deebi'aneeran.
7 Isaan barsiisota seera Waaqaa te'iisaaf bar-
baadan, ammoo waan dubbatanuuyyuu yookiin
waan guutannee beenna jedhanuuyyuu hin hu-
batanu.

**1:2** HuE. 16:1

8 Nami akka dansaa ittiin yoo huje seerri dansaa
akka te'e hin beenna.
9 Akkasuma seerri worra balchootaaf akka
hin tumamin hin beenna; seerri worra seera
balleessuuf, yakkaameyyi'iif, worra Waaqa
malee jiraatanuuf, worra cubbaaleyyi'iif, worra
woyyummaa hin qanneef, worra dhugeeffannaa
hin qanne, worra abbaa yookiin haadha ijjeesuuf,
ijjeettu'uuf,
10 sagaagaltootaaf, dhiira wol bukkoonsituuf*,
worra nama butee gurguruuf, worra nama
sobuuf, worra dharaan kakatuu fi worra waan
barsiisa sirrii te'een masaanuu te'u mara godhuuf
tumame.
11 Barsiisi sirrii te'e ammoo Wongeela ulfaataa
Waaqa galateeffama'aa, ka ani lallabuuf inni natti
kenne keessatti dhaggama.

### *Phawuloos Waaqa Galateeffate*

12 Ani Goottaa keenna Yesuus Kiristoos, ka ad-
datamaa godhee na laakkowee tajaajila ifiitiif
muudee na jabeesse hin galateeffadha.
13 Ani tanaan qara isa faanshessaa, miidhaa
irratti geessisaa nama hunnaan isatti ka'u te'ulle,
dhugeeffannaa dhabaa fi wollaalchaan tana
waan godheef marartii dhaggadheera.
14 Dhugeeffanna'aa fi jaalaltii Yesuus Kiris-
toosiin dhaggantu woliin badhaadhi guddaan
Goottaa keennaa naaf dhangala'eera.
15 Dubbiin, «Kiristoos Yesuus cubbaaleyyii fayy-
isiisaaf gara biyya lafaa dhufe» jettu dhugitti'ii fi

---

* **1:10** *Bukkoonsituuf:* Dabeessituuf yookiin gootuuf **1:13** HuE. 8:3; 9:4-5

guutuma guutu'utti ta fudhatamuu malte. Cubbaaleyyii san keessaalle'ee, cubbaalessi sara tare ana.
16 Teetu malee, Yesuus Kiristoos worra cubbaa-
leyyii keessaa, na cubbaalessa sara tareef ossa ifii ka haga hin qanne mudhisiisaaf, worra isatti dhugeeffatu'uu jiruu fi worra jiruu bara baraa dhaggatu'uu jiruuf, fakkeenna akka te'uuf marartii isaa dhaggadheera.
17 Amma mootii bara baraa, ka hin duunee fi ka
ilatti hin mudhanne, Waaqa tokkochuma saniif, baruma baraan guddinnii fi ulfinni isaaf te'u! Ameen.
18 Ilma kiyya, Ximootewoos, tanaan qara waan
keetiif dubbiin raagaa akkuma dubbatte, isii tanaan miidhassitee akka loltuuf ajaja kana magannee sitti kenna.
19 Dhugeeffanna'aa fi wodanaa dansaa
qabaadhu. Worri gariin wodanaa ifii tuffatiisaan, akkuma hoboloon guddittiin danbali'iin baddu dhugeeffannaa ifii balleessaneeran.
20 Himnewoosii fi Iskindir fa'alle, jara san
keessa jiran; ani akka isaan Waaqa faanshessuu dhiisuu baratanu adaba hunna Seexanaatitti dabarsee isaan kenneera.

# 2

### *Waaqonfannaa Wolde'a Kiristaanaa*

1 Amma waan duudi'iin dura, iyyannoon,
daadimannaan, worra dhibi'iif daadimatu'uu fi galata dhikeessuun Waaqa duratti nama duudi'iif akka godhamuuf gorsa.

2 Nageyaa fi sarmiisaan*, Waaqa soda'aa fi ad-
aba dansa'aan akka leenu, moototaa fi worra
baallii ol aantuu qabu duudi'iif daadimadha'a.
3 Daadimati akkasii Waaqa fayyisaa keenna du-
ratti dansa'aa fi ka fudhatama qabu.
4 Inni nami duudiin akka fayyuu fi dhugaa akka
beeku barbaada.
5 Waaqi tokkocha; wodhakkaa jiraatee Waaqaa
fi nama ka wolitti araarsu tokkocha; inni nama
te'ee ka mudhate Yesuus Kiristoos.
6 Ka sanyii namaa duudii wodiisaaf mataa ifii
dabarsee kenne isa; isiin tunille yennaa itti te'uu
maltetti mirkanootte.
7 Maarre anille sababa kanaaf dhugeeffanna'aa
fi dhugaa lallabiisaaf ergama'aa fi barsiisaa te'ee,
gara worra Yihudoota hin te'inii ergame. Ani
dhugaa dubbatiisatti jira malee hin sobu.
8 Worri dhiiraa addee maratti aari'ii fi moromaa
malee, yaada qullu'uun harka isaanii ka woyy-
oome ol kaasanee akka daadimatanu barbaada.
9 Dubartootille mataa shoobaa dhowattee,
yookiin worqi'iin yookiin dooqaan seefatiisa,
yookiin woyaa gatii guddo'oo uffatiisa adoo hin
te'in, ifi qabattee woyaa isi'iif malte akka uffattu
barbaada.
10 Dubartooti Waaqa waaqonfanna jettu akka
godhuu maltetti hujii dansa'aan ifi seefattuuti.
11 Dubartiin cadheessaa fi ajajamaan barattuu
ti.
12 Isiin akka barsiittu yookiin dhiira irratti baal-
lii akka qabaattu ani hin eeyyamu; isiin cadhisuu
qaddi.

---

* **2:2** *Sarmiisaan:* Sirnyaan **2:9** 1 Phex. 3:3

13 Sababille Addaam matooma dadamee,
Heewwan ammoo achiin duuba dadante.
14 Ka sobamelle Addaamii moti; sobantee seera
Waaqaa ta cassite dubartitti'i.
15 Teetuu malee dubartiin dhugeeffanna'aa
fi jaalalaan, woyyumma'aan ifi qabattee yoo
jabaatte ilmee deyiisaan hin fayyiti.

# 3

## *Ulaagaa Sooreyyii Wolde'a Kiristaanaa*

1 Nami tokko sooressaa* Wolde'a kiristaanaa
te'iisaaf yoo barbaade, hujii kabajantuu halcha
jechi jedhu dhuga'a.
2 Sooressaan wolde'a kiristaanaa nama komii
hin qanne, nama niitii takkattii qofa qabu, nama
hagatti le'u, nama ifi qabatu, nama kabajjaa
qabu, nama keessummaa fudhatu, nama barsi-
isuu dande'u,
3 nama hin machoonne, nama hunnaan
hin lolle, nama qajeelaa, nama moromaa hin
jaalanne, nama beesee hin jaalanne,
4 nama maatii ifii sirri'itti bulfatu, nama
ijoolleen ulfinnaan isaaf ajajantu te'uu qaba.
5 Nami tokko maatii ifii bulfatiisa yoo hin dan-
deenne, attam dande'ee wolde'a kiristaanaa ka
Waaqaa bulchiisaaf dande'a ree?
6 Kijibaan afuufamee, muraa tanaan qara Seex-
anatti muranteetti akka hin jinne, nama dhikoo
dhugeeffate hin te'in.
7 Maqaa isaa badee tiyyoo Seexanaa keessatti
akka hin jinne, nama alaa biratti gurra dansaa
qabaachuu qaba.

* **3:1** *Sooressa:* Toowataa **3:7** Tit. 1:6-9

### *Ulaagaa Qarqaartota Wolde'a Kiristaanaa*

8 Akkasuma qarqaartoti† wolde'a kiristaanaalle
worra ulfinna qabu malee, worra arraba lama
dubbatu, worra unii fakkansu, worra qarshi'iif
joljolu te'uu hin qabanu;
9 wodanaa qullu'uun dhossaa dhugeeffannaa
dhuga'aa jabeessanee qabatuu qaban.
10 Isaan dursanee ilaallatamanuu ti; achiin du-
uba ka komii hin qanne yoo te'ane qarqaartota
wolde'a kiristaanaa te'anee tajaajilanuu ti.
11 Akkasuma niitoti qarqaartotaalle ta kabajjaa
qaddu, ta hin hamanne, ta hagatti leetu, ta waan
maraan addatantu te'uu qaddi.
12 Qarqaartichi wolde'a Kiristaanaa tokko ka
niitii takkaa qofa qabu te'ee, ijoolle'ee fi maatii ifii
akka dansaa ka bulfatu te'uu qaba.
13 Qarqaartoti wolde'a kiristaanaa, worri hu-
jii dansaa hujanu ulfinna guddaa dhaggatanee,
marroo dhugeeffannaa ifii ta Yesuus Kiristoositti
qabanuun jabeenna guddaa dhaggatan.

### *Dhossaa Guddoo Dhugeeffanna'aa*

14 Ani dafee gara keeti akka dhufu addii qaba,
haga sanitti ammoo gorsa kana si'iif barreessaara.
15 Ammoo yoo ani ture, mana worra Waaqaa
keessatti nami amala attamii qabaachuu akka
male akka beettuuf kun si gargaara; manni ku-
nille utuba'aa fi hundee dhugaa wolde'a kiris-
taanaa ka Waaqa jiraata'aa ti.
16 Dhossaan dhugeeffannaa teennaa mama
tokko malee guddo'oo; tanaaf,
«Inni foon uffatee mudhateera;

† **3:8** *Qarqaartoti:* Diyaaqonooti

dhugaa akka te'e Ayyaanaan mirkaneef-
fameera.
Ergantoota Waaqaatitti mudhateera;
kolbaa biyya lafaatiif lallabameera.
Biyya lafaa duudi'itti dhugeeffatameera;
ulfinnaan gara ol-gubba'aa fudhatameera»
jedhamee himameera.

# 4

### *Barsiisota Dharaa*

1 Bara duubaatitti namooti gariin, ayyaan-
ota wollaalchisa'aa fi barsiisa durriisotaa hord-
ofiisaan dhugeeffannaa irraa akka dacha'anu
Ayyaanni Waaqaa qulleessee hima.
2 Barsiisi akkasii kijiboota dhara dubbatiisaan
wodanaan isaanii akka sibiila o'aan gubamee dil-
laye irraa dhufa.
3 Worri kun «Fuudhaa fi heeruma, sagalee
akkasiitii fi akkasii nyaatuun dhoogga'a» jedhan.
Waaqi ammoo, sagalee tana akka nyaatanuuf
dade; worri dhugeeffatuu fi worri dhugaa
beekiisaaf dhufe daadimata galataatiin nyaata.
4 Wonni Waaqi dade duudiin dansa'a; wonni
daadimata galataatiin fudhatante takkaalle hin
jibbatantu,
5 isiin sababa jecha Waaqaatii fi daadimataatiif
Waaqa biratti fudhatama dhaggatti.

### *Tajaajilaa Dansaa Yesuus Kiristoosii*

6 Barsiisa kana dhugeeffattoota yoo barsiitte,
jecha dhugeeffanna'aatii fi barsiisa dhuga'aa
ka hordotte saniin guddataa, tajaajilaa dansaa
Yesuus Kiristoosii hin teeta.

7 Oduu durii ta beera dulloontee, ta gatii hin
qanne hin fudhatin. Addee san leetoo Waaqi
fedhuu le'iisaaf ifi leenjis.
8 Nafa jajjabeessu'uuf ifi leenjisuun bu'aa
diqqoo qaba; leetoo Waaqi fedhu le'iisaaf
ifi leenjisuun ammoo, le'ii ammaatii fi ta
dhuttulle'eef addii waan qabuuf karaa maraan
bu'aa qaba.
9 Jechi kun jecha dhugicha guutuma guutu'utti
fudhatamu'uu male.
10 Nuuti Waaqa jiraataa fayyisaa nama duudi'ii,
keessattuu ka worra isatti dhugeeffatuu te'etti
waan addannuuf huji'iin dadhabaa farralle dhag-
gina.

11 Tana duudii isaan ajajii barsiisi.
12 Dubbii afaan keeti keessaa baatuun,
haasowaan, le'iin, jaalalaan, dhugeeffanna'aa
fi qulqullumma'aan dhugeeffattootaaf fakkeenna
te'i malee, dargaggeessa waan teeteef eennulle si
hin tuffatin.
13 Haga ani dhufutti, Barreeffama Woyyicha
kolba'aaf dubbisiisa, lallabiisaa fi barsiisiisatti
jabaadhu.
14 Kennansa yennaa raagoti dubbattee fi jaar-
soleen wolde'a kiristaanaa harka ifii si irra keette
si'iif kenname, kennansa Ayyaanaa ka si keessa
jiru san hin dagatin.
15 Akka nami duudiin guddinna keeti dhaggu
waan kana ifi kennii huji.
16 Ati mataa keetii fi barsiisa keeti midhassii
ilaalladhu, waan kana itti jabaadhu; akkas godhi-
isaan mataa keetii fi worra si dhage'u hin fayyitta.

# 5

## *Akka Dhugeeffattoota Itti Qabatanu*

1 Jaarsa akka abba'aatitti gorsi malee hin
xixin; dargaggageeyyii dhiiraa ammoo akka
obboleeyyaniititti qabadhu;
2 jaartii akka haadhaatitti, dubartii ka'ima akka
obboleettii tiru'uu yaada qullu'uun qabadhu.

3 Dubartii dhugumaan haadha hiyyeessaa teete
kabaji.
4 Isiin ijoollee yookiin akkoowwan yoo qabaatte
ammoo, ijoolleen sun duraan dursitee maatii
ifii qarqaaraa, haadhaa fi abba'aaf, akko'oo
fi akaakoo ifiitille'eef haluu guddisaa isaaniif
deebisaa, dhugeeffannaa ifii huji'iin mudhisiisa
baratanuu ti. Sababille wonni kun Waaqa hin
gammachiitti.
5 Haati hiyyeessaa takka, ta nama isii qarqaaru
hin qanne, addii ifii Waaqatti godhatee halkanii fi
guyyaa qarqaarsa isaa gaafataa daadimataa leeti.
6 Haati hiyyeessaa takka ta gammada lafaa
callaa jaalattu, aduma jirtuu duuteerti.
7 Nami tokkolle waan ittiin isaan komatu akka
hin qabaanne, gorsa kana isaaniif kenni.
8 Nami tokko fira ifiitiif, keessattuu maatii ifi-
itii ka hin qarqaarre, nama dhugeeffannaa ifii
mormate; inni nama hin dhugeeffatin caalaalle
hama'a.
9 Haadha hiyyeessaa ta woggaan isi'ii jaatamaa
gadi te'e, galmee haadhotiin hiyyeessaa itti galme-
effantutti hin galmeessin. Isiin sunuu ta dhirsa
tokko qofa heerumteertu te'uu qaddi.

10 Akkasuma ijoollee guddisiisaan, keessum-
maa fudhatiisaan, miila kolbaa Waaqaa dhiqi-
isaan, worra rakkate qarqaariisaan, hujii dansaa
mara hujiisaa fi ifi kenniisaan ta gurra dansaa
qaddu te'uu qaddi.

11 Haadhotii hiyyeessaa ta ka'ima teete am-
moo, galmee san keessa hin galchin; sababille
halchaan foonii yennaa itti hammaatte, Kiristoos
irraa deebi'anee heerumuu barbaaddan.
12 Maarre isaan waadaa Kiristoosiif matooma
galane diiganee muraa ifi irratti fidatan.
13 Ammalle isaan hujii malee tee'uu fi mana
kanaa kaan labiisa baratan; tana qofa adoo hin
te'in, nama hamataa dubbii namaa keessa galaa,
waan dubbatu'uu hin malle ka dubbatanu te'an.
14 Tanaaf diinni hantuu nu'u irratti dubbatuuf
karaa akka hin dhagganne, haati hiyyeessaa
ka'intittiin heerumtee ijoollee deettee, mana ifii
akka bulfattu gorsa.
15 Isaan keessaa gariin tanaan qaraa Seexana
hordofiisaaf karaa dhugeeffanna'aa irraa gora-
neeran.
16 Dubartiin dhugeeffatte takka ammoo,
haadha hiyyeessaa maatii ifii keessaa yoo
qabaatte, akka isaan wolde'a Kiristaanaatitti
ba'aa hin teene qarqaartuuti; wolde'i Kiristaanaa
ammoo, dubartoota abbaan manaa irraa du'e, ta
ijjumaa qarqaarsa hin qanne qarqaaruu ti.

17 Jaarsolee wolde'a kiristaanaa akka dansaa
sooressitu, keessumattuu ta jabaattee lalladdee
barsiittuuf, ulfinna gudda'atti male.
18 Barreeffam Woyyichi, «Qotiyyoo midhaan
dhowiisatti jirtu afaan hin hidhin», akkasuma,

«Hojjata'aaf mindaan kennamuu qaba» jedha.
19 Dhugaa baatota lama yookiin sad yoo qabaate
malee, himata jaarsa tokko irratti dhiyaatu hin
fudhatin.
20 Worri dhibiin akka sodaatu, worra cubbuu
huju addee nami mara jirutti xixi.
21 Waan gootu mara namuufuu adoo hin golin,
yookiin adoo wol hin caalchisin gorsa kiyya akka
muummessitu Waaqa duratti, Yesuus Kiristoosii fi
ergantoota Waaqaa ta fooyante duratti si ajaja.
22 Namoota tajaajila Waaqaatiif muudiisaaf ari-
ifattee harka irra hin keyin. Cubbuu worra
dhibi'ii keessa hin galin; mataa keeti qulqul-
lumma'aan eegi.
23 Gadhaa keetii fi dhibee deddeebitee sitti
kaatuuf, daadhii woyni'ii diqqoo uni malee ha-
ganaa achi bisaan callaa hin unin.
24 Cubbuun worra gari'ii ifa teete waan mud-
hattuuf, dursitee muraa isaanii akeetti; cubbuun
worra gari'ii ammoo duuba irra mudhatti.
25 Akkasuma hujiin dansaan ifa teetee mud-
hatti, ta hin mudhannelle dhokattee hin hattu.

# 6

1 Worri waanjoo* garbumma'aa jala jiru
maqaan Waaqaatii fi barsiisi keenna akka hin
arraffanne, goottoti isaanii ulfinna guutuu akka
dhaggatiisaaf malanetti laakkowanuu ti.
2 Garbooleen goottoti isaanii dhugeeffattoota
te'ane, lamaanuu woliif Gootta'aan obboleeyyan
waan te'aneef, goottota ifii tuffatiisa hin qabanu.

---

**5:18** Mat. 10:10; Luq. 10:7

* **6:1** *Waanjoo:* Qambaraa

Addee san, goottoti isaanii dhugeeffattootaa fi jaalota tajaajila isaanii irraa ka bu'aa dhaggatanu waan te'aneef, ta durii caalaa isaan tajaajilanuu ti. Tana barsiisii gorsi.

### *Barsiisa Sobaatii Fi Durummaa Dhuga'aa*

3 Nami barsiisa sobaa barsiisaa, jecha sirrii te'e
ka Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitii fi ka it-
tiin Waaqa waaqonfatanuun wolii hin galle yoo
jiraate,
4 nami akkasii nama kooraan ifi bokossee
womaa hin beenne. Inni jechoota irratti mo-
roma'aa fi lolaaf fedha hamaa ifi keessaa qaba.
Wonni kun ammoo hinaaffaa, wol dhaba, arrabaa
fi mama badaa fiddi.
5 Wol mormiin worra qalbii hin qanne irraa
dhutti, isaan dhugaan waan irraa fudhatanteef
dhugeeffannaa karaa karra dhaggatiisaa seyan.
6 Dhugeeffannaan, nama waan qabuun
dande'ee le'u biratti bu'aa guddaa qaddi.
7 Nuuti waan tokkolle finnee gara biyya lafaa
hin dhunne; waan tokkolle isii keessaa fuunee
deemiisa hin dandeennu.
8 Ammoo woya'aa fi sagalee yoo qabaanne sun
nu hin geetti.
9 Worri durummaa barbaadu ataabe'etti jigee,
tiyyoo gowwummaa heddu'uutii fi halchaa isaan
miituutiin, ta isaan balleessituu fi dhidhinsituun
qabaman.
10 Sababille beesee jaalatuun hidda
hammeenna duudi'ii ti. Worri gariin durummaa
dhaggatuu halchee, dhugeeffannaa irraa badee
qalbii ifii gaddaan laalesseera.

*Gorsa Phawuloos Ximootewoosiif Kenne*

11 Ati nami Waaqaa ammoo, waan kana du-
udii irraa fagaadhu; balchummaa, akka nama
Waaqaa le'uu, dhugeeffannaa, jaalala, ciniinnata-
nee ossu'uu fi qajeelummaa hordof.
12 Lola dansaa dhugeeffanna'aa loli. Jiruu bara
baraa ta yennaa gara isaa waammante dhugaa
baatota hedduu duratti dhugaa baate qabadhu.
13 Fuula Waaqa waan duudi'iif jiruu kennuutii
fi Yesuus Kiristoosii Phonxoos Philaaxoos duratti
dhugeeffannaa ifiitiif akka dansaa dhugaa baye
duratti si ajaja.
14 Haga guyyaa Goottaan keenna Yesuus
Kiristoos deebi'ee mudhatuutitti ajaja kana
balleessa'aa fi komii malee eegadhu.
15 Waaqi eebbifama'aa fi qofuu Bulchaa te'e,
Mootichi moototaa, Goottaan goottotaa guyyaa
ifii murteessetti mudhiin Kiristoosii teeti.
16 Ka hin duune isa qofa; inni ifa eennulle itti
dhiyaatu'uuf hin dandeenne keessa le'a. Nami
tokkolle isa hin dhaggine; eennulle isa dhaggu'uuf
hin dande'u. Ulfinnii fi hunni bara baraa isaaf
te'u! Ameen.
17 Worri amma biyya lafaa tanatti dureeyyii
te'ane akka hin koorre, yookiin addii isaanii karra
hin addachiinne irratti adoo hin te'in, akka ittiin
gammannuuf Waaqa waan duuchii fakkansee
nu'uuf kennutti akka addii godhatanu isaan ajaji.
18 Hujii dansaa akka hujanu, akka hujii
dansa'aan dureeyyii te'anu, akka arjoomanuu
fi waan qabanu qoodiisaaf ka qophowane akka
te'anu ajaji.

---

**6:13** Yoh. 18:37

19 Karaa kanaan jiruu dhuga'aa dhaggatiisaaf
karra hundeen isi'ii jadduu teete bara dhufuuf
kuufatan.
20 Ximootewoos! Waan maganne'een sitti
kenname jabeessi eegi. Dubbii midhaan hin
qanne, ta waan dhuga'aatiin mormituu fi
moromaa gowwittii ta worri gariin «Beekkuma»
jedhu irraa fagaadhu.
21 Worri gariin beekkumsa kana qanna jedhaa,
karaa dhugeeffanna'aa irraa badeera.

Badhaadhi Waaqaa isin woliin jiraatu.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.

You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

You include the above copyright and source information.

If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.

If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.

Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025

61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e